STAY SAFE MN

# Talaalliiwwan COVID-19 Akkamitti Hojjataman


12/16/2020

Talaalliin COVID-19 kan jalqabaa argama CPVID-19 irraa waggaa tokko keessatti hojjatame. Haala talaallin yeroo saffisaa akkasii keessatti itti hojjatamuu danda'e irratti gaaffii heddutu jira. Gargaarsa mootummaa federaalaatin, adeemsichi haalan saffisuu fii gahaa ta'uu danda'ee jira. Haalli nageenyummaa isaa irra kan hin darbamne ta'uu beekun barbaachisaadha. Duraaduubni kuni haala adeemsa talaallii COVID-19 gahaa akkaataa itti ta'uu danda'an akkaataa talaalliiwwan itti hojjatamaniin wal bira qabee agarsiisa.

## Talaalliiwwan akkamiin hojjatamu

Adeemsi talaallii hojjachuu hanga waggoota 10 fudhachuu danda'a.

- Erga qorannoon geggeeffamee booda, talaalliin qorannoowwan kilinikaal sadi, kan tokkoon tokkoo isaanii namoota heddu qabu keessa darba.
- MuummeenBulchiinsa Nyaataa fii Dawaa (Food and Drug Administration (FDA)) erga gareen gorsituu saayinsii isaanii bu'aawwan qorannoo keessa deebi'anii ilaalanii booda hayyama.
- Sana booda gareen gorsituu biyyaalessaa, Komiitee Gorsituu Gochaalee Talaalliwwanii (Advisory Committee on Immunization Practices (ACIP)) kan Jiddugala Too'annoo Dhibee fii Ittisaa (Centers for Disease Control and Prevention (CDC)) argaman, eenyu talaallii argachuu akka qabu eera.
- Sana booda, omishtootni talaallii hojjachuu jalqabu.
- Akkaataa namoonni talaalli fudhataniin, CDC fi FDA guyyaa nageenyummaa talaallichaa ilaaluu itti fufu.



# Talaalliin COVID-19 akkamiin hojjatamaa jira

- Qorannoon  vaayirasii koroonaa irratti yeroodhan taasifame fi guddinni teknolojii talaallii irratti jiru adeemsi kun jalqabbii utaalchaatin akka ta'u taasiseera.
- Yeroo tokko tokko qorannoo talaalliitif mallaqa argachuun yeroo fudhata, garuu talallii COVID-19tiif, mootummaan federaalaa mallaqa hedduu kennee jira.
- Omishtootni hirmaattota qorannoo kilinikaalawaa sadan hundaafuu  tokkoon tokkoo isaanii xumuramuu utuu hin eegin, namoota yeroo tokkotti flatan.
- Omishtootni akkasumas utuma qorannoon kilinikaalawaa geggeeffamaa jiruu talaallii hojjachuu jalqaban.
- Talaalliiwwan Hayyama Yeroo Hatattamaa (Emergency Use Authorization (EUA)) tin hayyamuunis yeroo xiqqoo fudhate, talaallii sirrii kan hojjatu argachuun waan jalqaba kennamuufidha.
    - Gareewwan sadarkaa federaalaatti jirann waan talaalliiwwan keessa deebi'anii ilaaluu fii abdiidhan hayyamuurraa isaan ittisu kamiiyyuu hin taasisne. Fakkeenyaaf, FDA'n adeemsiha akka gulaalanii ji'ootarraa torbanootatti gadi hir'isaniif hojjattoota hedduu dabalee jira.
- Talaallichi yoo qorannoon talaallichi sirrii fii kan hojjatu ta'uu mirkaneesse qofa hayyama argatu.




Waa'ee talaallii COVID-19 wantootni ammayyuu barachuuf jirru hedduun, kanneen akka eeggumsi talaallichaa hangamiif akka turuu, hawaasa waliigalaa irratti akkamiin akka hojjatuu fa'atu jira, garuu kuni talaallii COVID-19 sirrii fii hojjatu hawaasaaf dhiyeessuu dhabuurraa waan tursiisuu miti.

Odeeffannoo dabalataatif, Talaallii COVID-19 (www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/vaccine.html) ilaali.

MINNESOTA

Muummee Fayyaa Mineesotaa | health.mn.gov | 651-201-5000
625 Robert Street North L.S.P 64975, St. Paul, MN 55164-0975

Bifa biraatin gaafachuudhaf  health.communications@state.mn.us qunnami. (Oromo)